Rabbiin gabricha irraa nyaata nyaatee isa irratti isa galatoomfachuu irraa jaallata, yookaan dhugaatii dhugee isa irratti isa galatoomfachuu

Anas ibnu Maalik irraa akka odeeffametti -Rabbi isa irra haa jaallatu- ni jedhe: ergamaan Rabbii -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- ni jedhani: «Rabbiin gabricha irraa nyaata nyaatee isa irratti isa galatoomfachuu irraa jaallata, yookaan dhugaatii dhugee isa irratti isa galatoomfachuu».

[sirrii] [Muslimtu gabaase]

Nabiyyiin -Rabbiin rahmataa fi nageenya isaan irratti haa buusu- gabrichi tola isaa fi qananii isaa irratti Rabbiin galateeffachuun wantoota ittiin jaalala Rabbii argatan irraa akka ta'e ibsani; nyaata nyaatee ka'ee, Alhamdulillaah jedha, dhugaatiis dhugee ka'ee, Alhamdulillaah jedha.

http://sunnah.global/hadeeth/om/show/5798